Ebla 15, 2019

Ebla 15 Guyyaa Yaadannoo Gootota Oromoo Bara 2019

Ebla 15 Oromoof guyyaa yaadannoo ti. Guyyaa Goototaa jedhamuun kan beekamu guyyaan kun Oromoota biratti addunyaa guutuutti kabajama.

Akkuma yaadatamu Ebli 15 guyyaa goototaa jedhamee kan filatameef, Ebla 15, bara 1980 tti hoggantoonni ABO jaallan kudhan kan J/Magarsaa Bariin hogganaman hojiif gara biyya Somaaliyaa imalaa turan Ogaaden keessa bakka Shinigga jedhamutti humna diinaatiin ergaan takkaa ajjeefamuu isaaniif.

Ebli 15 hundaa caalaa kan itti yaadatamuuf, jaallan wareegaman kun diinaan Islaamaa fi Kiristaanatti addaan baha jedhamanii yeroo ajajamanitti "lakki nuti hunduu Oromoo dha addaan hin baanu waan dhufu walumaan qooddanna" jechuun waliin dhumanii boolla tokkotti awwaalamuun tokkummaa Oromoo dhiigaa fi lafee isaaniitiin waan mirkaneessanif.

Ebli 15 wareegama Shiniggatti taheen haa-jalqabu malee wareegama waggoota 130 mman dabraniif gootowwan Oromoo bakka adda addaatti bilisummaaf jecha wareegaman maraaf yaadannoo tahee jira.

Wraannii Bilisummaa Oromoo (WBO) waggoota 40 oliif itti fufiinsa qabsoo bilisummaa Oromoo, nageenya Oromoo fi walabummaa Oromoyiaaf godhe wareegama irranfatamu miti.

Akkasumas, Bara 2014 as faayidaa fi bilisummaa Oromiyaaf jedhanii taankii fi humna waraanaa Itiophiyaa dura dhaabbachuun wareegama isa maayyii, lubbuu isaanii dabarsaan kan kennan Qeerroo fi Qarree 5000 ol tahan yaadachuun barbaachisaa dha.

Ammallee akkasuma, yeroo ammaa kana daangaa Oromiyaa karaa hedduun weeraramaa jiru irraa diina faccisuudhaan, kan nageenya keenyaaf fi biyya keenyaaf jedhanii if wreegaa jiran yaadachuun barbaachisaa dha.

Guyyaan kun hawaasa Oromoo biratti guyyaa ulfina qabeessa, guyyaa waan wraagamtoonni keenya jalqaban fiixaan baasuuf murtoo mataa keenyaa itti gad-jabeesinuu fi guyyaa waan isaan wareegamaniif dhugoomsuuf tokkummaan kaanee hojiin garsiisuu qabnu.

Akeeka wareegamtoota keenyaa bikkaan ni geenya!
Oromiyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo – Qaama Chehumsaa
Finfinnee, Oromiyaa